# Da’uu

# Giving birth

LIDA Italia
Sara Dorthea Johannesen
Muhammed Berisso
4
Afan Oromo om / English en

Salaamaawit umrii 29 dha. Eertiraa keessatti mucaa ishee jalqabaa deesse. Ishee fi maatiinshee achitti rakkina waan qabaniif gara Xaaliyaanii deemuuf murteessan.

• • •

Selamawit is 29 years old. She gave birth to her first child in Eritrea. She and her family had a hard time there, so they decided to go to Italy.

Ingaan waggaa 19 osoo hin guutin manaa baate. Gara Noorweey deemtee mucaa ishee jalqabaa achitti deesse.

• • •

Inga left home just before she turned 19. She moved to Norway and had her first child there.

Salaamaawit yeroo mucaa ishee lammaffaa ulfooftu biyya biraatti mucaa godhachuun maal fakkaata jettee yaadde.

• • •

When Selamawit became pregnant with her second child, she wondered what it would be like to have a child in a different country.

Salaamaawit fi Ingaan haala adda addaa irraa kan dhufaniidha. Salaamaawit da’umsa irratti muuxannoo waan qabduuf nageenyi itti dhaga’ame. Ingaan waa’ee da’umsaa haadha ishee waliin haasofte.

• • •

Selamawit and Inga come from different backgrounds. Selamawit felt safe because she had experience with giving birth. Inga talked to her mother about giving birth.

Dubartoonni lamaanuu, biyyoota Awurooppaa irra caalaa isaanii keessatti, dubartoonni ulfaa kunuunsa dahumsa duraa argachuuf mirga akka qaban dhaga’anii turan. Kana jechuun yeroo ulfaa gargaarsa ni argatu jechuudha. Salaamaawit akkuma ulfa ta’uu ishee hubatteen hakiima ishee waliin beellama qabatte. Abbaan warraa Salaamaawit konkolaataan gara doktoraatti ishee geesseera.

• • •

Both women had heard that, in most European countries, pregnant women have the right to antenatal care. This means that they will get help during their pregnancies. Selamawit made an appointment with her doctor as soon as she realised she was pregnant. Selamawit’s husband drove her to the doctor.

Doktorri kun qorannoo tokko tokko godhee Salaamaawit gosa dhukkuba sukkaaraa dubartoonni ulfaa tokko tokko qaban akka qabdu hubate. Nyaata fayya qabeessa nyaachuu fi sochii qaamaa gochuu qabdi turte. Salaamaawit daftee gara hakiimaa deemuu isheetti gammadde, osoo isheen fi daa'imni ishee hin dhukkubsatin dura.

• • •

The doctor did some tests and found out that Selamawit had a kind of diabetes that some pregnant women get. She had to eat healthy food and exercise. Selamawit was glad she went to the doctor early, before she and her baby became ill.

Ollaan Ingaa daa'ima godhachuuf akka yaaltu yommuu dhaga'u, ollaan sun akkuma ulfoofteen doktora bira akka deemtu itti hime. Akkasitti ishiifi mucaan ishii fayyaa akka qaban mirkaneeffachuu dandeesseetti. Doktorri kun fooliik asiidii vitaaminii dubartoota ulfaaf barbaachisaa ta'e akka fudhattu itti hime.

• • •

When Inga's neighbour heard that she was trying to have a baby, the neighbour told her to see a doctor as soon as she was pregnant. That way she could make sure that she and her baby were healthy. The doctor told her to take folic acid, a vitamin that is important for pregnant women.

Ingaa fi hakiimni ishee yeroo ulfa ishee yeroo hunda akka qoratamtu deessiftuu tokkoon akka wal argitu walii galan. Deessiftuun nyaataa fi boqonnaa ilaalchisee gorsa isheef kennite, akkasumas akkaataa ofii ishee fi daa'ima ishee nagaa fi fayyaa itti eeguu dandeessu irratti odeeffannoo kenniteef.

• • •

Inga and her doctor agreed that she would meet a midwife for regular check-ups during her pregnancy. The midwife gave her advice on food and rest, and information on how to keep herself and her baby safe and well.

Dubartoonni lamaan daa’imman fayyaa qaban da’an. Salaamaawit ilma biraa kan qabdu yoo ta’u, Ingaan ammoo intala tokko qabdi. Abbootiin manaa isaanii baay’ee kan boonan si’a ta’u, waa’ee haadha manaa isaanii ciccimoo fi ijoollee fayyaa qaban nama beekan hundatti himan.

• • •

Both women gave birth to healthy babies. Selamawit had another son, while Inga had a daughter. Their husbands were very proud, and they told everyone they knew about their strong wives and healthy children.

# LIDA Stories

lidastories.net

## Da’uu

## Giving birth


LIDA Italia
Sara Dorthea Johannesen
Muhammed Berisso (om)


CC BY